QAJEELCHA WARRAA

the women's
the royal women's hospital
victoria australia

JIREENYA TORBEE JALQABAAF

Mucaan kee haaraya dhalatte nagayaa qabdii?

Mucaa haarayni dhalatte hidhii bildiimaa (pink) fi arraba bildiimaa (pink) qabaatti. Ho'i bobaa isaanii jalaa 36.8°C fi 37.3°C (akkuma kan kee) tahuu qaba. Yeroo isaanii eeganii fincaan fincaawuu (wee) fi bakkee bahu (poo) qaban.

Mucaan haaraya dhalatte kan fayyaa qabdu:

» ammaa fi amma nyaatti (sa'aa 24 keessatti yeroo 8 hanga 12)

» yeroo hunda dammaqoo tahu sagalee kee yookaan waan naannoo isaaniitti tahu damaqanii dhageeffatu

» kan ati afuura baasattu caalaa xiqqoo hariifatanii afuura baasatu, gidduutti xiqqoo akka turuu tahu

» Yeroo bifni isaanii jijjiiramu, yookaan yeroo boo'an wirriqatan yookaan waan tokkoon maramanii jiran akka keessaa bahuuf warraaqaa jiran beekuufii qabda.

Mucaan kee haaraya dhalatte nagayaa qabdii?

Yoo mucaan kee:

» afuura baasatuu didde yookaan bifni gurraacha'e

» iji, afaan, harki yookaan milli kan roqmuu, (wirriiqatuu yookaan urgufamuu) yoo tahe

» yoo dammaquu didde

» sagalee biraa wacu dhagahuu yoo didde, yeroo ifni ijatti qabamu ija liphsatuu yoo didde.

Tarkaanfii

Hospitaalatti

Daddaffiidhaan deessiftuu (midwife) kee yookaan doktora fayyaa kee quba qabsiisi lakoysa gargaarsa bilbilaa bilbili.

Manatti

Bilbila **000**

Jireenya torbee jalqabaaf

Yoo mucaan kee wanneen itti aanan kana qabaatte :

» sa'aa 6 caalaa kan hin nyaatne yoo tahe
» hin fincoofne fi yookaan bakkee hin baane yoo taate
» gogaan qaamaa bif-keelloo yoo fakkaate

} **Keessattuu dhalatanii Sa'aa 24 isa jalqabaa**

» **sochiin ijaa, afaan, harki yookaan miilaa**,kan wal maru yookaan roqomu yoo tahe,
» **qama**, mataa, morma, irree, fi milli rarra'oo yoo fakkaatan
» **afuufa baasannaa** kan hariitiidhaan baasatanii fi sagalees kan qabu yoo tahe
» kan duraa irraa adda yoo tahe **boo'ichi** (fkn, sagalee dadhabaa, sagalee gurra nama waraanu, akka malee boo'uu fi mankaraaruu yookaan sagalee boo'ichaa dhukubbii qaamaan wal makate dhageessisuu
» dhiigni **bakkee isaan bahan keessa yoo jiraate**
» **gogaa** kan daalachaawee fi gara bif-keelloo jijjiiramaa jiru yoo tahe
» **garaa** (mar'ummaan) yookaan teessuma laphee isaanii yeroo isaan afuura fudhatanii fi baasan gidduutti ol ka'ee gadi deebi'a yoo tahe
» **haqqisa** baay'ee (yeroo sadii nyaatanii kan booda nyaatan irratti walakkaa waan nyaatanii deebisanii haqqisan yoo tahe)
» **haqqisa** qulqulluu miti, kan Aannan fakkaatu, kan bif-keelloo daalacha fakkaatu

Qulqulluu	Aannan	Bif-keelloo daalacha	Sanaafica (Mustard)	Magariisa	Magariisa	Magariisa	Magariisa	Dhiiga

YOOKAAN

» qalbii yookaan yaadni kee sitti **dubbata** yoo waan dogoggoraa taheef

Tarkaanfii

Hospitaalatti

Deesiftuu (midwife) yookaan doktora fayyaa kee quba qabsiisi

Manatti

» Toora Gargaarsa & Bilbilaa, Fayyaa Haadhaa fi Daa'immanii Bilbila 13 22 29
» Sa'aa 24 Neersii Yaammatuuf Bilbila 1300 60 60 24
» Doktora fayyaa (GP) naannoo kee jiru gaafadhu
» Damee Sardama Fayyaa (Emergency Department Hospitaala Deemuu
» Yoo Hariitii tahe bilbili **000**

* Qalbifadhu: Yeroo komputeera irratti ilaalamuu fi waraqaa irratti maxxansamu halluu isaa meeshaa ittiin ilaaltu irratti hundaawee bifni isaa adda adda tahuu danda'a.

Beekamtii: Baby Check yoo mucaan kee akkaan dhukubde tahe kan irraa caqastee beekuuf si gargaaruu dha. Kan ati irraa caqastu kun yoo mucaa kee gara doktora fayyaa geessuun si barbaachisa tahe beekuuf si gargaara. D18-001 - JUNE 2021